Office of Superintendent of Public Instruction (OSPI)
Qoranno Afaan Mana Keessaa (Home Language Survey)

Maqaa Barataa:		**Guyyaa:**
Guyyaa Dhalootaa:	**Saala:**	**Kutaa:**

Unki kan guutame:

Maqaa Maatii/Guddisee_____ Firummaa Barataa waliinii_____

Mallattoo Maatii/Guddisee _____

Yoo jira ta'eef, manni barumsichaa afaan kamiin akka si quunnamuu barbaaddaa?

_____

Mucaan kee karaa Sagantta Barumssa Yero Riqicha Ka Afaan Lama (Transitional Bilingual Instruction Program) deggersa fooyyeffannaa afaan Ingliffa argatee jiraa? Eeyyee__ Iyyo__ Ani hin beeku__

1. Mucaan kee biyya kam keessatti dhalatee/dhalattee?	_____
2. **Mucaan kee jalqaba afaan kam dubbachuu baratee/barattee?***	_____
3. **MUCAAN KEE manatti afaan isa kam caalaatti gargaaramaa/gargaaramtii?***	_____
4. Maatiin/guddiseen yeroo mucaa keetti dubbattan afaan(ota) kam caalaatti fayyadamtuu?	_____ _____
5. Daa'imti kee hoggayyuu barnoota sirnaawaa fudhatee ni beekaa* United States alatti? (oolmaa daa'immaanii – kutaa 12f[faa]) _____Eeyyee _____Miti "Barnootni Sirnaawaa" kaampiiwwan koolu galtootaa yookin sagantaalee daa'immaniif fudhatama hin qabnee kan of keessaa qabuu miti	Yoo eeyyee jette, barumsicha afaan(ota) kamiin kennameef? _____ Baatilee meeqaaf? _____
6. Mucaan keessan ameerikaa kessatti mana baromsaa yeroo jalqabaaf yoom seente/seene? (Olmmaa ijoolleti (Kindergarten) – kutaa 12[ffaa])	_____ Baatii Guyyaa Ganna

***WAC 392-160-005:** "Afaan idilee" jechuun afaan yeroo hedduu barataan bakka jireenya barattootaatti walii galteef itti gargaaramuu dha (afaan kana maatiin, guddiseen, yookaan kanneen biroon itti gargaaramuu dhiisuu malu).*

Note to district: A response of a language other than English to question #2 OR question #3 triggers ELL placement testing.

Kaayyoo Qorannoo Afaan Mana keessaa

Qorannoon afaan mana keessaa kan kennamu barattoota manneen barnootaa *hunda* Washington keessatti galmaa'aniifi. Odeeffannoon armaan gadii tarii gaaffiilee guca kana ilaalchisee ati qabdu deebisuuf ni gargaaru.

Kaayyoon Qorannoo Afaan Mana Keessaa Maal innii?

Kaayyoon inni duraa qorannoo afaan mana keessaa dandeettii afaan Ingiliffaa kutaa keessatti milkaawaa ta'uuf isaan barbaachisu akka dagaagfatan isaan akka gargaaru barattoota tarii ulaagaa guutanii fi kanneen tajaajilawwan birootif ulaagaa guutan addaan baafachuuf gargaaruu dha. Tajaajilawwan barattootni milkaa'ina kutaa keessatiif isaan barbaadaniif filatamuuf ulaagaa guutuu isaanii waan miidhuf odeeffannoon kun sirriitti galmaa'uun isaa barbaachisaa dha. Afaan dabalataa fi deeggarsawwan barnootaa kan biraa barbaachisuu fi hin barbaachifnee isaa murteessuuf qormaatni tarii barbaachisaa ta'a. Deebii guca kana irratti inni kenne irratti hundaa'uun Barataan sagantaa dagaagina afaan Ingiliffaa keessatti addummaan ramadamu hin jiru.

Ati maalif waa'ee afaan duraa barataa fi afaan mana keessatti itti fayyadaman gaafattaa?

Gaaffileen lamaan waa'ee afaan barataa kan nu gargaaru kanneen armaan gadii akka nuti murteessinuufi:

- Bartaan kee tarii gargaarsa Ingiliffa barachuutif filatamuuf ulaagaa kan guutu yoo ta'e, fi
- Namni mana barnootaa keessaa afaan barataan mana keessatti dubbatu kan biraa jiraachuuf dhiisuu isaa akka beeku.

Tarii afaan daa'imti kee yeroo jalqabaa barate afaan daa'imti kee amma mana keessatti itti fayyadamu irraa adda ta'a. Deebiiwwan gaaffilee lamaanifuu kennaman manni barnootaa fedhiiwwan barattootaa akkasumas fedhiiwwan wal qunnamtii tarii ka'uu danda'an gargaaruuf qajeelfama barbaachisaa ta'e akka kennu ni gargaaru. Barattootni isaan jalqaba irratti afaan Ingiliffaan ala ta'e baratan deeggarsawwan dabalataatif ulaagaa kan guutanii dha. Barattootni Ingiliffa sirriitti dubbatan illee dandeettii afaanii barnoota irratti milkaawaa ta'uuf isaan barbaachisu dagaagfachuuf tarii deeggarsi isaan barbaachisa ta'a.

Ati maalif bakka barataan itti dhalate gaafattaa?

Odeeffannoon kun naannoo fi mootummaa mana barnootaa kan gargaaru yoo barataan ulaagaa godaantuu kan guutu ta'e kaayyoo fandii feederaalaa argachuufi. Maatiiwwan barataa lamaanuu jiraattota US yoo ta'an illee kun hojiirra oola, garuu barataan United States alatti kan dhalate ta'uu qaba. Gucni kun faaydaa barattoota isaan hin beekkamin addaan baasanii beekuuf kan ooluu miti.

Ati maalif waa'ee barnoota daa'ima kiyyaa isa darbe gaafattaa?

Odeeffannoon waa'ee barnootaa barataa barnootni barataa United States keessattis ta'ee isaan alatti gorsi kenname kam iyyuu hubannoo keessa kan galuu fi sagantaalee fi tajaajilawwan naannoo keessatti kennaman mirkaneessuf kan gargaaru dha. Seenaan duubaa barnoota barataa yoo barataan seenaa duubaa barnootaa isaa irratti hundaa'ee gara sadarkaa qulqullinaa mootummaatti fooyya'iinsa quubsaa ta'e kan agarsiise ta'uu isaa murteessuuf odeeffannoo dabalataan barbaachisaa ta'ee dha.

Odeeffannoo qorannoo afaan mana keessatiif barbaachisan kennuu keetif galatoomi. Gaaffilee dabalataa guca kana ilaallatan yookin waa'ee tajaajilawwan mana barnootaa daa'ima keetii keessatti argamanii yoo qabaatte naannoo mana barnootaa keetii qunnami.

May 2014